



## Tajaajilaalee Walaloo Sirboota Siyaasaa Oromoo Filatamanii Bara 1991 -2018: Ija Yaaxxina Faayidaalessummaatiin

Ilifinesh Qinaaxxii<sup>1\*</sup>, Ashannaafii Balaay<sup>2\*</sup>, Waaqtolaa Waaqjiraa<sup>3\*</sup>

Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

Axereraa	Article Information
<p><i>Qorannoon kun Tajaajila Walaloo Sirboota Siyaasaa Oromoo filatamanii bara 1991 -2018'tti sirbamaa turanii xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Mata duree kana irrattis akka hojjetuuf qorattuu kan kakaase qaawwa qorannoo sakatta'a taasiste irraa argitedha. Innis, hojiilee ogbarruu barreeffamaa keessaa walaloo sirbootaa irratti hojjetaman hedduu muraasa ta'uufi bal'inaafi gadfageenya kan hinqabne ta'uusaa yemmuu ta'u, addumaan ammoo sadarkaa digirii sadaffaatti waan hojjetame kan hinjire ta'uu isaati. Kaayyoo gooroon qorannichaa tajaajila sirboonni siyaasaa Oromoo bara 1991 - 2018 keessa sagaleefi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turanii maalfaa akka ta'an ibsuudha. Maddi ragaa qorannichaa madda ragaa tokkoffaa yemmuu ta'u innis, walaloo sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 - 2018 keessa maxxanfamanii sirbamaa turaniiti. Walaloo sirbootaa kanneenis gosa iddatteessuu miti carraa keessaa mala akkayyoo fayyadamuun sirboota baaqqee sagalee fi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turan keessaa walaloo sirboota siyaasaa artisti Ilfinash Qannoo, Eebbisaa Addunyaa, Ittiqaa Tafarii, Keekiyyaa Badhaadhaafi Hacaaluu Hundeessaatu filataman. Ragaalee qorannichaas mala sakatta'a dookimentiitti gargaaramuun walaloo sirbootaa karaa marsariitii yuutuubiitiin gad-lakkifaman keessaa kanneen iddattoo qorannichaatiif filatamantu walitti qabaman. Sirboota iddattoo qorannichaatiif filataman irra deddeebiin erga dhaggeeffatamee booda gara barreeffamaatti jijjiirame. Itti aansuun, tajaajila isaanii irratti hundaa'uun garee garaa garaatti, erga qoqoodamanii booda mala xiinxala ibsa akkamtaa bu'uureffachuun xiinxalamaniiru. Akka ragaaleen xiinxala irraa agarsiisanitti, walaloon sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 – 2018 keessa sirbamaa turanii tajaajilli isaanii, qabsoo bilisummaa finiinsuu, gabrummaa ofirraa darbachuuf onnachiisuu, xiiqii namatti horuu, tuttuqanii gara gochaatti nama oofuu, tokkummaa itichuu, akkasumas, yaadannoo waloo sabaa kaasuun miidhama darbe irraa akka barataniif kan kakaasan ta'uu isaaniiti.</i></p>	<p><b>Article History:</b> Received: 23-01-2024 Revised: 24-03-2024 Accepted: 20-05-2024</p> <hr/> <p><b>Jechoota Ijoo:</b> qabsoo, seenaa, siyaasaa, tokkummaa</p> <hr/> <p><b>*Qorattuu Muummee:</b> Ilifinesh Qinaaxxii</p> <hr/> <p><b>E-mail:</b> kinatiterfa2000@gmail.com</p>

## **Seensa**

Sirbi faayidaalee hedduu qaba: eenyummaa, gadda, gammachuu ofii ittiin ibsachuuf, qabsoof ittiin kakaasuuf, faarfachuu, gabrummaa diduuf, abbaa irrummaa mormuufi kan kana fakkaataniif tajaajila. Kana malees, namoota walitti dhiyeessuuf, dhimma hawaasummaa ibsuuf, guddina afaan hawaasaatiif, aadaafii eenyummaa namaa ibsuuf, aadaa nama biraa irratti hirmaachuuf, xiyyeeffannoo argachuuf sirbuun, dhiichisuun sirna adda addaa keessatti tajaajila nikenna. Muuziqaan gaddaafii gammachuu ofii ibsachuufis ni gargaara jechuudha (Makky, 2007).

Sirbi walitti dhufeenya hawaasummaa gidduu jiru cimsuun tarkaanfii gamtaa akka fudhataniif tajaajila. Sirboonni waraanaafi hojii akkasumas kan alaabaa walitti dhuufeenya maatii yookaan tuutaa yookaan biyyaa cimsu. Sirbi muddamaafi aarii karaa hawaasummaafi kanneen biroo jeequmsa uumaniin dhufu ni hirrisa (Neguss, 2018). Yaada kana kan tumsu, Denisoff, (1972) jedhetti, sirbi siyaasaa bu'uuraan xiyyeeffannan isaa dhaggeeffataan rakkoo isa muddate jiru miira isaa hubachiisuun jijjiirama fiduu barbaadu yaaluudha. Haaluma kanaan faayidaan sirboota siyaasaa: sochii siyaasaafi hawaasaa uumuu keessatti gahee kakaasuu

taphachuu, namoota hirmaannaa ho'aa taasisan sosochii hawaasaa yookaan ilaalcha isaan deeggaran kakaasuu, hamiilee dhaabbilee yookaan deeggaraa ilaalchoota isaan walitti dhufeenyaafi birmadummaa, uumuufi kakaasuu keessatti qaban dabaluu, namoonni gahee ta'e tokko sosochii hawaasa keessatti akka raawwatan taasisuufi hawaasni galma ta'e tokko bira akka gahu deebiif kakaasuufi rakkoo yookaan itti quufuu dhabuu hawaasa keessa jiru tokko miiraan yeroo hunda agarsiisa dandeessisa jechuun eeree jira.

Sirbi gadda, gammachuu, jaalala, milka'ina, garaagarummaa, mormii, aarii, walitti bu'insa, kan mul'isanidha. Akkasumas, haala jiruufi jireenya ummata tokkoo yeroo itti qinda'ee ykn sirbame keessa kan mul'isu, aadaa kam keessatti kan jiraatuu, keessattiyyuu dhiibbaa sosochii siyaasaafi gochaalee barmatilee hawaasaa taasifamu irratti kan xiyyeeffatudha (Echeruo, 1975). Haaluma walfakkaatuun, akka Tesfayeen (2013) jedhetti sirbi sirnoota walqixxummaan keessatti hin mul'anne ifatti mormuufi yaada qaban bilisaan ibsachuun hin danda'amne keessatti, sirbatti faayyadamuun dhugaa jiru addeessuun ni danda'ama. Sirbi guutuu addunyaa irratti ilaalcha siyaasaa, gurma'insa hawaasaa mirga bu'uuraa dhala

*Ilifinesh Q. fi Kb*

namaafi olaanntummaa seeraa ittiin ibsachuuf faayidaa guddaa qaba. Gaheen sirbaa ergaa bilisummaafi haqaa dabarsuuf akka waliigalaatti addunyaarratti addaatti immoo Afrikaa keessatti qabu daraan olaanaadha. Akka fakkeenyaatti sirboota qabsoo farra ‘apartheid’ kibba Afrikaa, farra kolonii Zimbabweefi Keeniyaa bilisummaa isaanii keessatti shoora guddaa taphataniiru Damituu (2008).

Sirboonni siyaasaa karaa miira dhuunfaafi hawaasaa olkaasaniifi garee namootaa ijaaruun siyaasa biyya tokkoorratti mormiif itti dadammaqsanidha. Riqicha sadarkaa qabsoo hawaasaa gara olaanatti fiduufi tokkummaa hawaasaa ittiin ijaaruuf akka gargaaru hayyoonni ni dubbatu. Ummatni Afrikaa kolonii jalaa bahanii aadaafi birmadummaa isaanii deebifachuun bilisummaa gonfachuuf sirboota isaanitiin waldadammaksanii falmachaa turan. Sirbi hawaasa barsiisuufi dammaqsuuf ga’ee guddaa taphata. Eenyummaafi eessaa dhuftee sanyii namaa ilaalee dhugaa baasuuf wantoota biroo irra humna ni qaba; yaada callaqisiisuun hawaasa sadarkaa addunyaatti walitti fiduuf gargaara. Akkasumas, dammaqiinsa muuziqaan fidu yoo gochaan deegarame hawaasa qaroomaa uumuuf nigargaara (Lynskey, 2011).

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Sirboonni Afriikaa bashanansiisaa ijaafi qalbi uummataa hawwachuun jijjiirama sadarkaa jireenyaa hawaasaa adda addaa irratti uumamuufi rakkoolee jiran hawaasaaf suuraadhaan kaa’u. Kana malees, dhaggeeffattoota isaanii keessatti hubannoo hawaasummaa guddisuuf karaa eenyummaa walootiin muuxannoowwan yaadaafi miira isaanii kakaasuun hirmaannaa hawaasummaatti isaan cimsu. Kanaafuu, sirbi akka agarsiisa hawaasummaattis ta’e akka miidiyaa quunnamntiitti eenyummaa hawaasaa calaqisiisuu keessatti gahee guddaa taphata (Stokes, M.1994).

Sirbi Keeniyaa keessatti baroota dheeraa darbaniif, akka mala quunnamtii ergaa siyaasaatti tajaajilaa tureera. Yeroo sanattis miija’aa ta’uu dhabuu siyaasa biyyattii kan afaan yookaan haasaa siyaasaatiin ibsuun hindanda’amne artistoonni karaa walaloo sirbootaa isaanii ibsachaa turaniiru. Sirbi akkuma afaanii mallattoo eenyummaa fi aadaa saba tokkooti. Eenyummaa sabaa mirkaneessuu keessatti faayidaa lama qaba. Inni tokkoffaan, hawaasa tokko garee hawaasaa biroorraa addaan baasee mul’isuu yoo ta’u, inni lammataa ammoo hawaasuma tokko keessatti miira waliigaltee uumuuf humna guddaa qabaachuu isaati jechuun (Oloo, 2007) Kimani Njogu & Hervé Maupeu

*Ilifinesh Q. fi Kb*

keessatti Masolo, D.A. (2000) wabeeffachuun ibseera.

Sirboonni siyaasaa sirnoota mootummaa Itoophiyaa duraanii keessatti yeroo baay'ee gabaabduu keessatti oomshamuun bilisummaa siyaasaa fi diinagdee argamsiisuu keessatti shoorra guddaa taphataniiru. Artistoonni karaa walaloo sirboota siyaasaa isaanii farra fiwudaalaafi farra imperiyaalistii mootummaa darbee, cunqursaa jumlaa, namummaa dhabuu, malaammaltummaafi kkf humna guutuun qeeqaa turan (Timket.2009).

Dargiin akkuma aangoo qabateen, karaa sab-qunnamtii ummataa holoola siyaasaa geggeessuuf faayidaa isaa waan hubateef aadaa fi seenaa ummataa karaa sub-qunnamtii ummataa barsisuun isaa, osoo itti hin yaadin ummatni Oromoo midhagina afaan, aadaa fi seenaa isaa hubatu taasiseera. Gama birrattiin immoo, sirna dargii keessa hawisoon aadaa Oromoo kutaa oromiyaa adda addaa keessatti hunda'ee sosochii eegaluun isaa ni yaadatama. Sirni Dargii kun akka mootummaa ummataatti ofi dhiheessuuf, barreeffamaafi ogbarruu Oromoo sirbaa fi diramaa dabalatee balbala xiqqaa bane ture.

Bara 1975 dhaloonni lammaffaa bandii aadaa Afran Qalloo kanneen akka Ali Birraa, Ibrahim Haji Ali, Himee Yusuf, Adam

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Usuman, Mohammed Umar, Abubakar Addawwe, Ahmad Yonnisiifi kan biroon bandi Biiftuu Birra jallatti irra deebiin gurma'uun magaalaa Finfinnee keessatti kilaabii galgalaa adda addaa keessatti taphachuun madda galii uummataniru. Sirbaa televishinii Itoophiyaa irratti dhiheessuu danda'uun isaanii muuziqaa bandii Biftuu Birraa beeksiseera. Bara 1976 magaaloota dhiha Wallaggaa hedduu keessa deemuun agarsisaa aadaa Oromoo isaan agarsisaan hundeeffama bandii aadaa Guddatuu Wallaggaa, Burqaa Boojjii, Biqiltuu Mandiifi Laalisaa Najjoof sababa ta'eera (Tesfaye, 2013).

Haaluma kanaan, hanga hundeeffamma Waldaa Meccaafi Tuulamaa bara 1963, wareera mootummaa Soomaliyaafi fincila qonnaan buloota Baaleetti bandiin Afran Qalloo sirba tokko torbetti akka raadiyoon dabarsu eeyyama mootii Haayilee Silaasee irraa yoo argatees, dhiibbaa hidhaa, reebichaafi kan kana fakkaatan irra gahee irra kan ka'e carraan cufamuufi miseensoonni (Ayuub Abubakir, Abubakir Musa, Yonis Abdullah, Abdullah Arsi, Shantam Shubbisafi Suleyman Yusuf) gara biyya Somaliyaatti baqachuuf dirqamaniiru. Sosochiin sirba Oromoo haala kana keessa osoo jiruu, angoon mootichaa siyaasa garee adda addaatiin

*Ilifinesh Q. fi Kb*

muddamu jalqabe. Hundeeffamni dhaabbileen siyaasaa adda bilisa baasaa sabaa irratti hunda'uun, fincila qonnaan bulootaa, mormii barattoota yunvarsittii riformii lafaa irratti, hundeeffama Waldaa Walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa, mormii immaamata barnootaafi kan kana fakkaatan mooticha angoo irra busuun dargiin aangootti akka bahu shoora guddaa akka taphatan (Markakis, 1994; Bahru,1992) ibsaniiru.

Koloneeffannaaniifi olantummaan sabummaa, dhiibbaan siyaasaa, hacuuccaafi dhittaa mirga namummaa jumulaan Oromoo irratti raawwatamu Itoophiyaa keessatti biyyoolessummaa Oromoo kakaaseera. Biyyoolessummaa Oromoo sirni ADWUI USA waliin hariiroo uumuu hacucuu yoo yaales, biyyoolessummaa Oromoo karaa qabsoo hidhannoo, siyaasaa, fi aadaa dararaa jira. Biyyoolessummaan Oromoo waan guddateef, olantummaan aadaan Amhaaraa Oromoo irratti qabu badeera; Tigreenis bara 1991 jalqabdee yoo Itoophiyaa bulchites olaantummaa aadaa ummata Oromoo irratti fe'uu hin dandeenye (Asafa, 2015).

Seenaa qabsoo siyaasa Oromoo keessatti, imaammata aadaafi afaan tokkoo mootummaa Itoophiyaa dura dhabachuuf, Oromoon afaan isaatiin sirbuun bandiin hawisoo muuziqaa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Afran Qalloo waltajjii irratti bahanii shoora guddaa taphataniru. Hundeeffama bandii aadaafi muuziqaa Afran Qalloof sababa jalqabaa kan ta'ee sirna fudhaafi heeruma aruuzoota Oromoo irratti meeshaa muuziqaan keenya sagalee afaan Oromoo hin dhaggeessisuu jechuun bandiin muuziqaa Hararee diduu irraa kan ka'ee dha jechuun (Tesfaye, 2013) qorannoo isaa keessatti ibsee jira.

Sirboonni Oromoo ofkeessatti eenyummaafi ergaa Oromummaa baatu. Kana malees baay'ee dhama qabeeyyiidha. Gosoota sirbaa heddutti ramadamuufi namoota hedduun taphatamuu kan danda'an ta'anillee, wanti addaa tokko kan yeedaloo, ergaafi sirboota sanniin walitti hidhu jira. Hidhamiinsa kanas akka Oromoo dhugaa ta'uuttin fudhadha. Hanguma keessa gadi seenanii ilaalaniin jechootni hedduun kan sirboota sana adda taasisan mul'atu. Sababa hiikaa yeedaloo sanaatiif sirboonni sun Oromoo tolchaniin Oromummaa ibsan (Grew, 1999).

Sirbi Oromoo diddaa siyaasaa Oromoo sirna cunqursaa habashaa dhufaa darbu keessatti gahee guddaa taphateera. Weellistoonniifi barreessitoonni sirba Oromoo karaa ergaa siyaasaa walaloo isaanii hawaasa tajaajiluun sagalee ta'aniiru. Deebiin dhaloonni kun

*Ilifinesh Q. fi Kb*

gaaffii bilisummaaf karaa aartiifi sirbaatiin kennan fakkeenya gaarii tarkaanfii qabsoo Oromiyaa keessati. Sirboonni siyaasaa Oromoo madda dhugaa warra jaalala nagaafi barbaacha bilisummaaf yaadaniifi dhaabbataniiti (Damituu, 2008).

Asafaan (2015), artistoonni sirba isaanitiin aadaa, jireenya, miira, mormiifi sosochii hawaasaafi garee isaanii calaqqisiifatu jedha. Oromoonis osoo gara sirboota walaloo barreeffamaan qindaa'anii meeshaalee ammayyaafi leenjiin tumsamanii weellistootaan waltajjiwwan irratti hinsirbamiiniifi waraabamin sirboota aadaa fookiloorii jalatti hammatamaniin dhagahama keessa isaa ibsachaa tureera. Haaluma kanaan adeemsa guddinaafi dagaagina jireenya ilma namaatiin addumaan ogumaanis jijjiiramaa, fooyya'aafi guddataa adeemun sirboonnis bifa ogbarruutinis dhihaachuu eegalan malee saba kana waliin kan turan ta'uu ni hubatama. Kanarraa kaanee Oromoannis sirboota hawaasaa kan aadaa keessattis ta'ee kanneen weellistootaan qindaa'anii dhihaataniin Oromummaa isaaniin boonuufi eenyummaa isaanii jaalachuu ni agarsiisu. Keessattuu qabsoo isaanii kaleessaa hanga har'aa keessatti sirbootni tokkummaa sabichaa ijaaruufi ofbarsiisuu keessatti meeshaa olaanaa sabboontonni dhimma itti bahaniidha.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Walumaagalatti, yaada kanaa olitti dhiyaate irraa sirboonni dhimma jiruufi jireenya hawaasaa: aadaa, seenaa, eenyummaa, dinagdee, siyaasa, afaan, muuxannoo hawaasaafi kkf ibsuu keessatti shoora olaanaa akka qaban hubachuun danda'ameera. Anis kanauma bu'uura godhachuun sirboonni siyaasaa Oromoo bara 1991 - 2018 keessa sagaleefi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turan dhimma maal maalii akka xiyyeeffatan xiinxaluun ibsuun barbaachisaa ta'ee waan qorattuutti mul'ateef mata duree Xiinxala Tajaajila Sirboota Siyaasaa Oromoo bara mootummaa ADWUI jedhu irratti hojjechuuf murteesse.

### **Malleen Qorannichaa**

Qorannoon kun Tajaajilaalee Sirboota Siyaasaa Oromoo xiinxaluun ibsuu waan xiyyeeffatuuf saxaxa qorannoo ibsaatti yaaxxina hawaasummaa keessaa ija faayideessummaa bu'uureffachuun geggeeffame. Sababni isaas, walaloon sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 – 2018 keessa sirbamaa turan keessaa sirboonni iddattoof filatamani erga barreeffamatti jijjiiramanii booda akka tajaajila isaaniitti qinda'anii jechaan waan ibsamaniifidha.

Maddi ragaa qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame madda raga tokkoffaa yemmuu

*Ilifinash Q. fi Kb*

ta'u, innis walaloo sirboota siyaasaa artistoota Oromoo shanii iddattoo qorannichaa ta'anii filatamaniiti. Haaluma kanaan, iddattoon qorannichaa walaloo sirboota siyaasaa bara 1991 -2018 keessa sagaleefi suursagaleen maxxanfamanii sirbamaa turan keessaa, walaloo sirbootaa artisti Ilfinash Qannoo, Eebbisaa Addunyaa, Ittiqaa Tafarii, Keekiyyaa Badhaadhaafi Hacaaluu Hundeessaati. Walaloon sirbootaa kanneenis gosa iddatteessuu miti carraa keessaa mala iddatteessuu kaayyeffataatiin filataman. Sababni mala kanatti dhimma bahameefis ragaalee gahaafi amansiisaa ta'e haala kanaan argama jedhamee waan itti amanameefidha.

Malli funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame mala sakatta'a dookimentiiti. Ragaaleen qorannichaas adeemsa kanatti aanee jiruun walitti qabaman. Duraan dursee waraabbii sirboota siyaasaa Oromoo bara 1991 - 2018 keessa sagaleefi suursagaleedhaan meeshaalee elektirooniksii MP3tiin karaa marsariitiin yuutuubiirratti gadlakkifaman sakatta'uun ragaalee argamantu walitti qabame. Haaluma kanaan, waraabbii walaloo sirboota siyaasaa artistoota Oromoo shanii bara 1991 - 2018 kana keessa sirbamaa turantu ragaalee qorannoo kanaa ta'uun fudhataman. Waraabbii walaloo sirboota iddattoo qorannichaatiif filatamanii irra

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

deddeebiin dhaggeeffachuun gara barreeffamaatti erga jijjiiramanii booda tajaajila isaanii irratti hundaa'uun garee garaa garaatti qoqoodamanii mala ibsa akkamtaatiin xiinxalaman.

### **Tajaajilaalee Walaloo Sirboota Siyaasaa Oromoo Bara Mootummaa ADWUI**

Oromoon sirnoota dhufaa darbaa Itoophiyaa bulchaa turan hunda keessattuu yeroo qabsoo bilisummaa irraa boqotee hinqabu. Qabsoo geggeesse ture keessatti kan jijjiirame akaakuufi sadarkaa qabsooti. Fakkeenyaaf, sirna Hayile Sillaaseefi Dargii keessa qabsoo hidhannoo geggeessaa ture. Eebla bara 1991 yeroo sirni mootummaa Habashaa ilaalcha siyaasa soshaalistummaa addunyaa hordofu diigame kanatti jaarmiyaan ABO mootummaa cee`umsaa hundeessu keessatti hirmaannaa guddaa qaba ture. Haata'u malee, sirni ADWUI aangoo waraanaa fayyadamuun dorgommii jaarmiyoota siyaasaa walabaa ugguruu eegale. Fakkeenyaaf, filmaata bulchiinsa naannoo kan waxabajji bara 1992tti karoofame keessatti ABO Oromiyaa irratti ni injifata sodaa jedhu irraa akka filmaati haqaa fi bilisa ta'ee hin adeemsifamne danquudhaan tooftaa mullataa fi dhokataa fayyadamuun bacancarfame. Dhiibbaa aguggaadhaan adeemsifamaa ture kun akka ummati Oromoo jaarmiyaa ABO hin filanneef qoqqobe. Karaa

*Ilifinash Q. fi Kb*

nagaafi dimookirasii argaminaaf kan hawwame bilisummaan hin argamiin hafe (Nasruu, 2019).

Kanuma irraa ka'uun, daandii qabsoo haarawaa jalqabuun qeerroofi qarreen Oromoo gootummaan guutamani harka qullaa qawwee dura dhaabachuun diinatti dhagaa darbachuu eegalan. Qaanqee fincila diddaa gabrummaa kanneen finiinsan qeerroo fi qarree Oromoo mara yemmuu ta'an qoodni artistoota Oromoos olaanaa ture (Nasruu, 2019).

### **Sirboota Siyaasaa Sagalee Qabsoo Bilisummaa Oromoo Finiinsan**

Artistoonni walaloo fi yeedaloo isaanitiin seenaa fi gootummaa Oromoo faarsaa, fincila diddaa gabrummaaf uummata kakaasaa turan baay'eedha. Sirba, walaloofi geerarsaan sabboonummaa cimsaa, diddaan garbummaa akka babal'atu taasisaa, fincilaaf hunda onnachiisaa turaniiru. Yeroo fincilli geggeeffamutti sirbaa fi geerarsaan qeerroofi qarree dhaadhessaa, fincilli hirmaattota akka horatu taasisaa turan. Yeroo qophiin taasifamuufi hiriira mormii bayamus sirbi artistootaa madda hamilee qofaa osoo hintaane akka hidhannooti dhimmi itti bayamaa ture. Sirboota fincilaaf annisaa ta'aa turan keessaa muraasni: kan Ilfinash Qannoo, Eebbisaa Addunyaa, Ittiqaa Tafarii, Keekiyyaa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Badhaadhaa fi Hacaaluu Hundaeessaa maqaa dha'uun nidanda'ama.

Sirboota yeroo fincilaafi hiriira mormii mootummaa sirna ADWUI irratti geggeeffamu sirbamaa turan keessaa sirba artisti Ilfinash Qannoo mata duree “WBO koo Maalooree” jedhu isa tokkodha.

...

*WBO koo maalooree /JQ/*

*Bilisa nu baasi maalooree*

*WBO koo maalooree /JQ/*

*Walaba nu taasi maalooree*

*WBO koo maalooree /JQ/*

*Maaliin /2x/ bilisa baanaa?*

*Qabsoodhaan tokkummaadhaan bilisa taane*

*Maaliin /2x/ walaba taanaa?*

*Tokkummaa qabsoodhaan walaba taana*

*Maaliin /2x/ walaba taanaa?*

*Qabsoodhaamaan walaba taanaa*

Walaloo sirbaa kanaa olii keessatti “WBO” kan jedhu waraana bilisummaa Oromoo kan bakka bu’u yemmuu ta’u, innis, jaarmiyaa Oromoo uummata Oromoo bakka bu’uun qabsaa’e ta’uu isaa agarsiisa. Bo’oowwan 1 -5 jiran waraanni bilisummaa Oromoo bilisaafi walaba akka baasuuf iyyuu ishii agarsiisa. Bo’oowwan 6, 8 fi 10 ‘Maaliin/2x/ bilisa baanaa?’ fi ‘Maaliin /2x/ walaba taanaa?’ nuyi garbummaa mootummaa abbaa irree jalaa akkamittiin ykn maaliin bilisa baana? jechuun gaaffii kan dhiyeessan yemmuu ta’u



*Ilifinash Q. fi Kb*

bo’oowwan 7, 9 fi 11 aammoo akkamittiin bilisa ba’uun akka danda’amu gaaffii bo’oowwan 6, 8 fi 10 irratti dhiyaataniif kanneen deebii kennanidha. Deebiin gaaffilee dhiyaatees bilisummaa fi walabummaan kan argamuu danda’u tokkummaan qabsaa’uu qofaan akka ta’e wallee isheetiin ibsitee jirti.

Oromiyaa keessatti qabsoon bilisummaa gubachuu bosona Baaleefi Gujiitiin walqabatee bara 2000 dhoyee bahe ibidda bosonaatti qabate dhaamsuu qofa osoo hintaane waa’ee roorroo jaarraa tokkoo oliif saba irra turee dhabamsiisuu, waa’ee dhimmi sabaa irratti waliif birmachuu, mufii sirna ADWUI irraa qaban ibsachuuti. Sochiin abidda bosonaa dhaamsuuf godhame milkaayus, abidda mar’ummaan uummataa keessatti dibame qabsiisee ture. Kunis, uummanni ittuma fufuun mirga isaaf akka falmatuufi qabsaa’uuf ka’umsa ta’e (Nasruu, 2019).

Walaloo sirbaa kanarraas kan hubatamu sirna ADWUI shira xaxuun jaarmiyaa Oromoo dirree siyaasaa irraa ari’uun meeshaa waraanaatiin gara aangootti dhufe. Kanaaf sabni Oromoo akka hingarboomneefi tokkummaan qabsaa’ee bilisummaa isaa mirkaneeffachuu akka qabu saba ishiif

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

dhaamsa dabarsaa WBO ammoo jajjabeessuu ishiiti.

Artisti Ilfinash Qannoo sirba ishii mata duree “Gargar baanee teenye” jedhu bara 1992 Finfinnee, Gulalleetti kallattiin waltajjiirratti sirbiteenis uummata Oromoo qabsoof kakaasaa turteetti.

...

*Iddoo jirtanittii sagalee olkaasaa*

*Bakka jirtanitti irree keessan kaasaa*

*Qawwee malee maaltuu garbummaa nu baasaa*

*Loluu malee maaltu garbummaa nu baasaa /3x/*

*Qawwee malee maaltu garbummaa nu baasaa*

*Loluu malee maaltu garbummaa nu baasaa*

*Qawwee malee maaltu gabrummaa nu baasaa*

*Loluu malee maaltu gabrummaa nu baasaa*

Walaloo sirbaa kana keessaa bo’oon “Iddoo jirtanittii sagalee olkaasaa” jedhuu fi “Bakka jirtanitti irree keessan kaasaa” Oromoon haala teessuma lafaatiin Kaaba, Kibba, Bahaa fi Dhiharra jirtan hunduu falmadhaa mormii dhageesisaa, bakka garaa garaa jirtani irraa haaluma walfakkaatuun mormii keessan mootummaa garboomfataa kana irratti finiinsaa yaada jedhu agarsiisa. Bo’oowwan jahaa hanga saddeetii ammoo sirnichi sirna abbaa irree qabsoo hidhannootti amanu waan ta’eef, karaa nagaatiin bilisummaa arguun hin yaadamuu qabsoo hidhannoo nu barbaachisa

*Ilifinesh Q. fi Kb*

jechuun uummanni qabsoo bilisummaa akka finiinsuuf kan sirbamedha.

Yeroo walaloon sirbaa kun kallattiin uummata Oromoo bakka garaa garaa irraa dhufeeff Finfinneetti sirbame haalli siyaasaa uummanni Oromoon keessa jiru abdi bilisummaa arguu irraa gara qabsoo hadhaawaa kan duraa caalu isa mudatetti ture. Haalli siyaasaa Oromoo bara 1990mootaa'tti ture sirni Dargii duraan ture waan kufeef ABOn gara aangootti dhufee uummanni Oromoo bilisummaa ni gonfata kan jedhu abdi guddaatu ture. Haata'u malee, ABOn mootummaa ce'umsaa keessaa ba'uu hordofee sirni ADWUIn diriirse ukkaamsaa fi gidiraa Oromoo irratti hammeese. Roorroon ADWUI uummatarraan gayaa tures yeroodhaa gara yerootti hammaataa deeme. Artistiin kunis uummanni Oromoo mootummaa roorrisaa kana jalatti tolee jedhee cabee akka hin bulleef kallattii hundaarraa qabsoo hidhannoo akka finiinsuuf walaloo sirbaa isheetiin uummata kakaasaa kan turte ta'uu isaa hubachuu ni danda'ama.

Haaluma walfakkaatuun Eebbisaa Addunyaa sirba isaa "Haati dhiiraa hinboossi" jedhuun

...

*Beela'ee corroqa dhugee akaayii nyaadhee  
Biyya koon bilsoomsaadhaa qawwee koo  
fudhadhee*

*Qoreen miilli koo luqqa'ee gufuun nadha'ee*

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

*Biyya koof du'uun dirqamaa waardiyyaa ta'ee*

Walaloo sirbaa kana keessatti bo'oo Iffaan "Beela'ee corroqa dhugee akaayii nyaadhee" jedhu qabsoof jecha qooda nyaataa akaayii, qooda bishaanii corroqa dhuguu isaa kan agarsiisu yemmuu ta'u, bo'oo 2ffaan "Biyya koon bilsoomsaadhaa qawwee koo fudhadhee" jedhu ammoo biyya koof qawween qabsaa'uunan bilisa baasa yaada jedhu agarsiisa. Bo'oowwan 3 fi 4 "Qoreen miilli koo luqqa'ee gufuun nadha'ee; Biyya koof du'uun dirqamaa waardiyyaa ta'ee" jedhan ammoo miidhama kamiinuu dandamatee biyya isaa bilisoomsuuf hanga wareegama lubbuutti qabsaa'uuf murteeffachuu weellisichaa agarsiisa.

Walaloo sirbaa kana irraas kan hubatamu bilisummaan jireenya qannootti jiraachuun, taa'anii eeggachuu kutannoodhaan qabsoo hidhannoo geggeessuu qofaan akka ta'edha. Kana malees, walaloo sirbaa kun artistiin uummata kakaasuu qofaaf kan sirbe osoo hintaane tarkaanfii qabsoo bilisummaa inni ofii fidhates ni mul'isa.

Artisti Eebbisaa Addunyaa waa'ee qabsoo bilisummaa walleewwan isaa keessatti mata duree garaa garaa jalatti irra deddeebi'uun sirbee jira. Fakkeenyaaf, sirba isaa "Hibboo"

*Ilifinesh Q. fi Kb*

jechuun jalqabu keessatti waa'ee qabsoo bilisummaa akka kanatti aanee jirutti sirbeera.

...  
Falaxaa /2x/ muka hinsoofanii /W/  
Halagaaf /2x/ hingabroomanii /JQ/  
Falaxaa /2x/ muka soofuuree /W/  
Halagaaf /2x/ hingarboomuuree /JQ/  
Har'a ijoollee keenyaa hingadhoomanii  
Halagaaf /2x/ hingarboomanii /JQ/  
Yookaan du'uu malee hingarboomanii

...  
Walaloo sirbaa kanaa olitti dhiyaate keessatti bo'oowwan 1, 2,3, fi 4 keessaa bo'oon 1 fi 3 Falaxaa /2/ muka hinsoofanii /W/ fi Falaxaa /2/ muka hinsoofuuree /W/ jedhaniin kan inni ibsuu barbaade falaxaan erga altokko boca mukummaa isaa gad lakkisuun falaxaatti muramee booda deebi'ee akka muka duudaatti tolchuuf sirreessuun akka hindanda'amnedha. Bo'oowwan 2 fi 4 Halagaaf /2x/ hingabroomanii /JQ/ fi Halagaaf /2x/ hingabroomuuree /JQ/ jedhan keessatti jecha halagaaf jedhu mootummaa abbaa irree sirna (ADWUI) bakka buusuun itti fayyadamee jira. Halagaan kan namaa hinnaane, utuu namaa wajjin nyaatuu nama nyaatu, akkasumas, nama harkaa nyaatee nama nyaatudha. Kan namaan buluuf jecha namatti roorrisudha. Artistiin kunis kana ibsuuf jecha sirna ADWUI jecha halagaa jedhuun bakka buusee jira. Jechoota hingabroomaniifi hingabroomuuree jedhanii ammo sirna akkasii

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

kana jalatti buluu hinqabnu kan jedhu agarsiisuuf fayyadamee jira. Bo'oon "Har'a ijoollee keenyaa hingadhoomanii (5), Halagaaf /2x/ hingarboomanii /JQ/(6)fi Yookaan du'uu malee hingarboomanii (7) jedhaniin ammo dhaamsa lammii dabarsuu isaa agarsiisu. Innis, akkuma kanaan duraa sirna garboomfataan buluu mannaa bilisummaaf falmatanii wareegamuu wayya yaada jedhu agarsiisuuf.

Egaa walaloo sirbaa kana irraas kan hubatamu artistiin sirba isaatiin lammiileen Oromoo haala keessaa jiran keessaa dammaqanii qabsaa'uun mootummaa garboomfataa ofirraa fonqolchani bilisummaa akka gonfataniif kakaasuu isaati. Artist Eebbisaa Addunyaa haaluma kana fakkaatuun sirba isaa ABO jabeessaa jedhuunis, qabsoo bilisummaa ABOOn geggeessu wallee isaatiin jajjabeessaa akka ture wallee kanatti aanee jiru irraa hubachuun nidanda'ama.

...  
*Boombii kutee darbatee gubee diina  
qaammatee*

*Kaayyoo isaatiif wareeree /W/ ABO /JQ/  
Bosona keessa joore /W/ WBOOn koo /JQ/  
Jajjabee koo jabaadhuu bilisummaa*

*gonfadhuu  
WBO koo jabaadhuu bilisummaa gonfadhuu  
/2X/*

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Walaloo sirbaa kana keessaa bo'oon jalqabaa 'Boombii kutee darbatee gubee diina qaammatee' jedhu waraanni bilisummaa Oromoo waraanarra jiraachuu isaa kan agarsiisu yemmuu ta'u, bo'oo 2ffaan 'Kaayyoo isaatiif wareeree' /W/ ABO /JQ/ fi 'Bosona keessa joore' /W/ WBOOn koo /JQ/ (3) jedhan keessatti ABOOn jaarriyaa Oromoo ykn caasaa bulchiinsa Oromoo uummata Oromoo bakka bu'e yemmuu ta'u, WBOOn ammoo waraana bilisummaa Oromoo uummata isaa bilisoomsuuf qabsoorra jiru agarsiisa. Bo'oowwan kanneen lamaan keessatti ABOOnis WBOOn kaayyoo tokko qabaachuu fi kaayyoon isaaniis bilisummaaf jecha ifaajee isaan keessa jiran agarsiisa.

Bo'oowwan Jajjabee koo jabaadhuu bilisummaa gonfadhuu (4)fi WBO koo jabaadhuu bilisummaa gonfadhuu /2X/ (5) keessaa jechi Jajjabee (4) jedhu WBO dhuma ittiin ibsuuf yaadameeti. Innis, kan inni agarsiisu WBOOn kan rakkina dandamachuun ofwareege lammii isaa bilisoomsuuf qabsaa'e ta'uusaa ibsuuf. Bo'oowwan kanneen keessaa kanneen hafan ammoo artistiin kun qaama qabsoo bilisummaatiif hidhannoon qabsa'aa jiru WBO hanga kaayyoo baataniif galmaan geessanitti jajjabaadhaa jechuun annisaa hamilee itti horuu isaa agarsiisa.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Walumaagalatti, walaloo sirbaa kanarraa kan hubatamu Oromoo fi Oromiyaa bilisa baasuuf qaamni uummata Oromoo bakka bu'ee jiru ABO fi WBOOn qabsoo hidhannoo geggeessaa jiraachuu isaaniiti.

Haaluma kana fakkaatuun, weellisaa Ittiqaa Tafariis, sirboota isaa Jabana Roorroo, Did did fi Itti muddi jedhaniin bilisummaan qabsoo hidhannoo akka barbaachisu sirna ADWUI keessa sirbee jira. Sirbooni kunneenis kanatti aansuun duraa duubaan dhiyaataniiru.

...

*Waaqa roobee hincaamne  
Galaana darbuu hin eeganii  
Tokkummaan qabsa'an malee  
Dhiiroo bilisummaa hin arganii*

Walaloon sirbaa kanaa olii kun sirboota siyaasaa Ittiqaa Tafarii keessaa sirba 'Jabana Roorroo' jedhu keessaa fudhatame. Bo'oowwan 'Waaqa roobee hincaamne' (1)fi 'Galaana darbuu hin eeganii' (2) haala muuxannoo hawaasaatiin osoo bokkaan roobaa jiruu galaanni ni darba jedhanii eeguun gowwummaa akka ta'e agarsiisa. Sababni isaas, galaanni roobaan guuta waanta'eef, hanga bokkaan caamutti galaanni darbuu hindanda'u waanta'eefidha. Bo'oowwan 'Tokkummaan qabsa'an malee' (3)fi 'Dhiiroo bilisummaa hin arganii' (4) kanneen jedhan ammoo bilisummaan tokkoomanii qabsa'an

*Ilifinesh Q. fi Kb*

malee kan argamuu hindandeenye ta'uu isaa agarsiisu. Muuxannoo hawaasa Oromootiin tokkummaan jabinaafi humna akka ta'etti beekama. Kanaafuu, hawaasni Oromoo haala teessuma lafaatiin bakka garaa garaatti argamu waliin ta'uun yoo qabsaa'e malee bilisa ba'uu akka hindandeenye hubachiisa. Bo'oo 'Dhiiroo bilisummaa hin arganii' jedhu keessatti jechi 'Dhiiroo' jedhu koorniyaa adda baasuun dhiirota qofaaf waamicha kan dhiyeessu osoo hintaane dimshaashessuu isaa agarsiisa. Kana jechuunis, uummata Kaabaa, Kibbaa, Bahaafi Dhihaa haala waliigalaatiin dhiira dubartii osoo hinjedhin qabsaa'uun barbaachisaa akka ta'e mul'isa. Weellisaan sirbuma kana keessatti walaloo sirbaa kanatti aanee jiruun waa'ee bilisummaa sirbee jira.

...

*Aannanan dhuga jedhee goromsa bitee  
Aduun caamsaa hammaatee dugda najalaa  
kutee*

*Wayyoo nan bade hinhafne ergasii hinrafne  
Inxooxxoo gad dabarraan Salalee bu'uu  
keenyyaa*

*Bilisummaa maqaa dhoofnaan salphanne  
du'uu keenyyaa*

*Sosodaatanii hintaatu lubbuu Rabbit uume  
Guyyaan geessu malee hinbaatu*

Walaloo sirbaa kanaa olii keessaa bo'oon Aannanan dhuga jedhee goromsa bitee (1) hiikni kallattii isaa aannan waan nama qabbaneessu dhuguuf jecha goromsan bitadhe

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

jechuu isaati. Haala muuxannoo hawaasaatiin goromsi dafttee hindhaltu sababa ta'eef hanga ishiin dorrobdee dhaltuttiin obsee eegadhe kan jedhudha. Innis, yeroo dheeraa obsuu isaa agarsiisa. Bo'oon 'Aduun caamsaa hammaatee dugda najalaa kutee' (2) jedhu hiikni kallattiin isaa ammoo yeroon isaa yeroo roobni hinjirre Caamsaa keessa waan ta'eef, aduutu najalaa miidhe jechuu isaati.

Weellisaan kun bo'oowwan lamaan kanneen keessatti fakkoommii keessaa "iddeessaatti" dhimmi ba'ee jira. Innis, bilisummaa aannaniin, goromsa bakka abdi buusuun itti gargaarame. Kunis kan inni agarsiisu bilisummaatu dhufa jedhee osoon abdiin eegaa jiruu kan jedhudha. Fakkoommiin bo'oo 'Aduun caamsaa hammaatee dugda najalaa kutee' jedhu keessatti weellisaan itti gargaarame ammas iddeessaadha. Innis, sirna ADWUI aduun Caamsaatiin bakka buusee jira. Hiikni fakkoommii kanaas, sirni ADWUI ji'a caamsaa keessa gara aangootti dhufuu isaa agarsiisa. Sirni Darguu kufuu isaatiin Oromoofi Oromiyaan nibilisoomti abdi jedhu horate ture. Haata'u malee, inni yaadame hafee sirni ADWUI gara aangootti dhufuun isaa sirnoota duraan biyyattii bulchaa turanirra kan caalu jireenya ilmaan Oromootti kan hadheessee fi abdi kan kutachiise ta'uu isaa fakkoommii kanaan ibsatee jira.

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Yaada kana kan deeggaru Nasruu, (2019) akkas jedhee ture, dargiin kufuudhaan du'aafi gaddi, dhiitamuu fi ukkaamfamuun xumura argate abdiin jedhu abdii sabaafi sablammoota Itoophiyaa ture. Hawwiin sabootaa xumura abbaa irrummaa arguu ture. Kan ta'e garuu, kufaatii dargii hordofee qabsoon Oromoo haqaaqalamuufi injifannoon dhiiga qabsaawotaan harka isaa seente barruu sabichaa keessaa humnaan baafamuudha. Weellisaan kunis, yaaduma kana karaa wallee isaatiin ibsee jira.

Kanumaan walqabsiisee bo'oo 'Wayyoo nan bade hinhafne ergasii hinrafne' (3) jedhu kanaan kan inni ibsuu barbaade akkuma bo'oo lammaffaa irratti ibsame kufaatii sirna dargiitiin bilisummaan abdatamee ture sun sirni ADWUI gara aangootti dhufuun kan caalu uummata Oromooti jireenya hadheessuun aara galfiifi boqonnaa isa dhorkachuu isaa agarsiisa. Bo'oon 'Inxooxxoo gad dabarraan Salaalee bu'uu keenyaa' (4) jedhu ammoo garbummaa sirna ADWUI akkuma sirnoota darbanii Oromoo irratti dagaagsuu eegale kana callisanii ofirratti ilaaluu mannaa furmaataaf akeekuu wayya jechuusaa agarsiisa. Innis, fuula gara qabsootti deebisuun qabsoon eessarraa jalqabuu akka qabudha.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Bo'oon 'Bilisummaa maqaa dhoofnaan salphanne du'uu keenyaa' (5) jedhu ammoo sirni kun kufee ADWUI gara aangootti dhufuun waan duraan sirnoonni darbaniifi sirni Dargii qoqobaa ture fakkeenyaaf, afaan Amaaraarraa kan hafe biyyatti keessatti afaan dhalootaan barachuuniifi hojjechuun sirna ADWUI keessa waan eegalameef uummanni Oromoo kana akka bilisummaatti ilaalee taa'uu akka hinqabne, itti fufnee garbooma keenya waanta'eef qabsaa'uun barbaachisaa akka ta'e agarsiisa. Bo'oowwan dhumaa lamaan 'Sosodaatanii hintaatu lubbuu rabbit uume' (6) fi 'Guyyaan geessu malee hinbaatu' (7) du'a sodaatanii garbummaa jalatti hafuun salphina; lubbuun yoom akka baatu waaqayyo isa uumetu beekaa kanaaf, qabsoofnee bilisoomuu qabna jechuun bilisummaan qabsoo malee akka hin argamne wallee isaatiin ibsee jira.

Artisti Ittiqaa Tafarii sirba isaa 'Itti Muddi' jedhu Caamsaa 26, 2016 sirbeenis Oromoof qabsoo bilisummaa geggeessuun akka barbaachisu waamicha dhiyeesse jira.

*Ruumichi qe'ee simarsee*

*balballi tolaa hinjiruu*

*Cabsii seen karaa foddaa*

*Oromiyaanii /3x/ ihii /2x/*

*Dhiiga ilmaan ishee gabbarti barumaanii*

*Jarana barana yoo tokkummaan falmannee*

*Bilisa ba'uu jarana barana /2x/*

*yookaan ilmaan shee fixattee teessi*

Walalaloo sirbaa kana keessatti bo'oo jalqabaa irratti hiika kallattii fi alkallattii ykn fakkoommiitti dhimmi ba'amee jira. Hiikni kallattii isaa Ruumichi qe'ee simarsee (1) jedhu, ruumichi gosa allaattii kan foon sooratu ta'ee lafa foon qalamutti deddeebi'ee marsaa kan ooludha. Hiikni alkallii fakkoommii artistiin bo'oo kana keessatti itti gargaarame 'iddeessaa'dha. Innis, jecha 'ruumicha' jedhu kana sirna ADWUIn bakka buusee jira. Hiikni isaas, Oromiyaan sirna ADWUIn marfamtee jirti kanjedhudha. Bo'oon Balballi tolaa hinjiruu (2) jedhu keessaa hiikni kallattii balbala jedhuu ulaa kan ittiin olgalanii fi gad ba'an yemmuu ta'u, fakkoommiin isaa ammoo iddeessaa ta'ee balbala kan jedhu kun karaa nagaa kan jedhuu bakka buufamee jira. Hiikni isaas karaa nagaa bilisummaatti dhufuun hinjiru jechuudha. Bo'oo 'Cabsii seen karaa foddaa' (3) jedhu keessatti hiikni kallattii foddaa jedhuu kan ifaa fi qilleensa argachuuf jecha manarratti hojjetamudha.

Fakkoommiin isaas iddeessaa yemmuu ta'u, innis foddaan qabsoo bakka buufamee jira. Kana jechuunis, diinaan marfamanii qabsoo karaa nagaatiin bilisummaan hinargamu waanta'eef qabsoodhaan itti seen yaada jedhu agarsiisa. Bo'oo Oromiyaanii /3x/ ihii /2x/ (4) al sadiif irra deddeebi'ee Oromiyaa jechuun

isaa xiyyeeffannoo agarsiisuuf yemmuu ta'u bo'oo Dhiiga ilmaan ishee gabbarti barumaanii (5) jedhu falmachuu, qabsaa'uu dhiistee callistee teessee ijoollee ishee ficisiiste kanjedhu agarsiisa. Bo'oowwan sadan Jarana barana yoo tokkummaan falmannee (6), Bilisa ba'uu jarana barana /2x/ (7) fi Yookaan ilmaan shee fixattee teessi (8) kanneen jedhan ammo tokkummaan kaanee qabsoofnee yoo qabsoofne bilisa ba'uu dandeenya yoo ta'uu baate garuu, duguugaa sanyiiitu nurratti raawwata jechuun karaa wallee isaatii waamicha qabsoo bilisummaa taasisee jira.

Walumaagalatti, walaloo sirbaa kanarraa kan hubatmu Oromiyaan tokkummaan qabsaa'uun diina ishee marsee jiru (sirna ADWUI) ofirraa fonqolchuun bilisoomuu akka qabdudha. Yoo hinqabsooftu ta'e, garuu ajjeeffamaa, dhiitamaa sirna dhufee darbu jalatti gorboomtee jiraatti yaada jedhu agarsiisa.

Haaluma walfakkaatuun, Hacaaluu Hundessaa walaloo sirboota isaa "Tulluu jala, Masaan gamaa, Dhiichis foollee, Riqicha wanjoo garbummaafi Yoom akkanatti hafna jedhuun qeerroofi qarree Oromoo dadammaqsuufi onnachiisuun qabsoo bilisummaa finiinsaa tureera. Walaloo sirba isaa "Tulluu jala" jedhu bara (2013) haala kanatti aanee jiruun sirbee

*Ilifinesh Q. fi Kb*

qeerroofi qarreen Oromoo qabsoo bilisummaf akka onnatan taasiseera.

...

*Rorroon hammatus didi jabaadhuu*

*Garaan abbaa faana duuti*

*Du'a hin oolani*

*Eega hin oolee*

*Walirra hin dheesiinu yaa ijoollee*

*Duuti hin oollee*

*Walirra hin dheesiinu yaa ijoollee*

...

Bo'oon walaloo sirba “Rorroon hammatus didi jabaadhuu” miidha, gadadoo, gidiraa, beela'uu, dheebochuu, hidhamuufi ajjeefamuun yoo jiraates yaada jedhu agarsiisa. Bo'oowwan 2, 3 fi 4 ammoo du'uun waan hin oolleef, akkasumaan teenyee du'uurra niqabsoofna jechuun kakaasuu isaa mul'isa. Bo'oowwan hafan 5, 6 fi 7 qabsoorraa duubatti hindeebinu, itti fufnee hanga wareegama lubbuutti ni qabsoofna diinaaf hinsarminu jechuun qabsoof kakaasuu artistichaa agarsiisa.

Baruma 2013 walaloo sirba “Maasaan gamaa” jedhu sirbeen qabsoon hanga bilisummaa gonfachiisutti kan itti fufu ta'uu isaallee wallee kanatti aanee jiruun hubachiiseera.

...

*Amboo keessa lolaa*

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

*qaata shaggariin gahe mataan*

*Abbaanis yoo du'e*

*ilma jira hin badu maqaan*

...

Walaloo sirbaa kanaan weellisaan dhaamsa qabsa'aan yoo du'e qabsoon itti fufa jedhu dabarsee jira. Akkuma seensa irratti kaasuuf yaalame uummanni Oromoo sirna dhufee darbu Itoophiyaa bulchaa ture keessatti qabsoo irraa yeroo itti boqote hinqabu. Jaarraa tokkoo oliif utuma qabsaa'uu dhalootaa dhalootatti daddarbaa dhufee dhaloota ammaa irra ga'ee jira. Kanaaf, dhaloon ammaa kun ammo dabaree falmii qabsoo bilisummaa isaan qaqabe itti fufsiisuun irbuu akka ba'an walaloo sirbaa isaatiin hubachiisee jira. Dhaamsi walaloo sirba kana jecha gooticha Jeneraal Waaqoo guutuu: “Garbummaa hiddaan buqqisna yoo didhabne ammoo ilmoo itti guddisna” jedhu nama yaadachiisa.

Walumaa galatti walaloo sibaa kanarraa kan hubatamu qabsoon bilisummaa abbootiin itti wareegamanii asiin ga'an dhaloota kanaan hanga Oromoon bilisummaa gonfatutti kan itti fufu ta'uu isaa dhaloota ammaa irraa abdi qabaachuu isaati.

Haaluma walfakkaatuun, artisti Hacaaluu Hundessaa qabsoon bilisummaa haalaan akka



*Ilifinesh Q. fi Kb*

finiinuuf walaloo sirba “Dhiichisi foollee kee” jedhuu bara, 2015 sirbee ture.

...

*Haleeli shimalaan loli*

*Lolli gahē*

*Farda abbaatu leenjisa*

*Goonni argaan beeksiisa*

*Tooftaan lolu malaan*

...

Walaloo sirbaa kana keessaa bo’oon ‘Haleeli shimalaan loli’ (1) jedhuu fi bo’oo 2ffaan ‘Lolli gahē’ jedhu walduraa duubaan kan isaan agarsiisan qeerroon Oromoo sirna kabaja ayyaana garaa garaa irratti yeroo wal argu faccee taphachuun lola shaakala. Yeroo roorroon hammaattus waanuma of harkaa qabuun diina loluuf ba’a malee hidhannoo hinqabu jedhee boodeetti hindheessu. Kanaafuu, yeroon yeroo qabsoo waanta’eef waanuma ofharkaa qabduun ka’i jechuun qabsoof kakaasuu artistichaati. Bo’oon ‘Farda abbaatu leenjisa’ (3) jedhu akka aadaa Oromootti farad lolaaf ta’u kan namni namaa leenjise fudhatanii hin ba’an. Sababni isaas, fardi lolaaf qophaa’uu nama lolaaf ba’u waliin shaakaluu qaba waanta’eef farda abbaatu leenjisataa jedhee jira. Kana malees, fardi qabsoo uummata Oromoo keessatti seenaa kan qabu ta’uu isaallee hubachuun nidanda’ama. Oromoon yeroo lola Xaaliyaanii fardaa fi

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

meeshaa aadaatiin lolee diina akka cabse yaadachiisuun hidhannoo dhabuun dabeessa nu taasisu waanuma qabnuun lola yaada jedhu agarsiisa. Bo’oowwan (4 fi 5) ammo goonni hidhannoo qabaachuufi ofdhaadhessuun beekama osoo hintaane tooftaan loluun diina cabsee gootummaa gonfata.

Gabaabumatti walaloo sirbaa kana irraa kan hubatamu qabsoon bilisummaa gonfachuuf geggeeffamu kan haal-duree garaa garaa irratti hundaa’u osoo hintaane, birmadummaa gonfachuuf kutannoon waan ofharkaa qabaniin duuluu kangaafatu ta’uu isaa hubachiisuun qabsoof kan kakaasu ta’uu isaati.

Kana males, artistiin kun sirba isaa “Riqicha wanjoo garbummaa cabsaa” jedhuun qabsoo bilisummaa finiinsaa turuu isaa walaloo sirbaa kanatti aanee jiru irraa hubachuun nidanda’am.

...

*Riqicha wanjoo gabrummaa*

*Cabsaa haa cabsaa haacabuu*

*nuwanjessaan irra ce’uu*

*Cabsaa haacabuu*

*Dhaloota duraan gaaga’ee*

*Kan ammaa daguuguuf yaa’u*

*Cabsaa /3x/ haa cabuu’uu*

...

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Walaloo sirbaa kana keessatti weellisaan bo'oo 'Riqicha wanjoo gabrummaa' (1) jedhu keessatti fakkoommiitti dhimmi ba'ee jira. Innis, "iddeessaadha" Kan inni gargaarames jecha riqicha jedhudha. Hiikni kallatti jecha kanaa nooraa kan ittiin laga ce'uuf oolu yemmuu ta'u, fakkoommiin isaa ammo nama akka nooraatti mootummaa garboomfataa (ADWUI) fi Oromoo gidduu taa'ee, saba Oromoo dabarsee garbummaatti gurguru ittiin ibsuuf. Mootummaan abbaa irree (ADWUI) gantoota ummata Oromoo keessatti dhalatanii (odeeffannoo kennan) irraa tumsa qindeffachuun duulli walirraa hincinne Oromoo fi jaarmiyaa Oromoorratti roobsuun akkuma sirnoota Itoophiyaa bulchaa turan duraanii uummata Oromoo aanuutti gadtaa'an.

Bo'oon 'Cabsaa haa haacabuu (2) fi bo'oo 'nuwanjessaan irra ce'uu' (3) jedhu isa akka nooraatti gidduu taa'ee saba Oromoo garbummaatti dabarsee gurgure; isa harka halagaatti dabarsee kenne jechuu yemmuu ta'u, bo'oo Cabsaa haacabuu (4) namoota mootummaa garboomfataaf hojjetan balleessaa baduu qabu jechuudha. Bo'oo Dhaloota duraan gaaga'ee (5), Kan ammaa daguuguuf yaa'u (6) fi bo'oo Cabsaa /3x/ haa cabuu'uu (7) uummanni Oromoo sirnoota habashaa Itoophiyaa bulchaa turan hunda keessattiyyuu yeroo itti birmadummaadhaan

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

jiraatan tokkollee hin turre. Jumulaan ajjeeffamaa, hidhamaa, reebamaa, galaa ta'anii jiraachaa turan. Sirni ADWUI haaluma sana fakkaatuun akka itti hin fufneef fincilaa, qabsa'aa, ta'uu baanaan kan duraarra kan hammaatu duguuggaa sanyiitu Oromoo irratti raawwataa.

Yaada kana kan deeggaru Mekuria, (2016) ibsutti, muuxannoon dargaggoo Oromoo waggaa 15 darbanii akka mirkaneessutti mormiin karaa nagaa geggeeffamaa ture haala jiru jijjiiru hin dandeenye. Haala jiru kanaaf deebii ta'uu kan danda'uu karaa hundaan tarkanfii of ittisuu fudhachuudha. Bilisummaan bilisaan hin kennamu. Qaamoota haccuucaa raawwatan kadhaachuun hin argamu. Sirna Wayyaneedhaan dursamu dimookiraasii siyaasaa kadhachuun ajjeechaa dargaggoo Oromoo irratti jumilaan taasifamaa jiru akka itti fufu afeeruu, qonnaan bulaa Oromoo lafa irraa buqqisuufi hidhuu, dararuufi ajjeessuu ummata Oromoota affeeruudha.

Walumaagalatti, walaloon sirbootaa kanaa oliitti qabsoo bilisummaa finiinsuu irratti dhiyaatanii xiinxalaman Oromoofi Oromiyaa bilisoomtee hiree ofii ofiin murteeffachuu dandeessu arguuf qabsoo hidhannoo

*Ilifinesh Q. fi Kb*

geggeesuun barbaachisaafi filannoo isa dhumaa akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

### **Sirboota Tokkummaa Uummataa Cimsuuf Sirbaman**

Akka seenaan ibsutti iccitiin injifannoofi cimina Oromoo jaarraa 16ffaa hanga 18ffaa akka sabaatti ijaaramuu isaati. Jaarraa kana keessa sabni akka Oromootti ijaaramee Afriikaa keessa hinturre jedhama. Cimina kanas kan fide seeraafi caasaa bulmaata Gadaatiin walkabajee jiraachuu isaati. Oromoon sirna Gadaatiin qe'eefi qabeenya isaa jaarraa hedduuf eegataa ture. Yeroo weerarri jirus abbaafi ilmi waliin farda koruun deemu. Sirni Gadaa Oromoon bakka jiruu akka waliif birmatuuf haala miijessa. Ijaarsi isaas akka Afriikaatti mitii akkuma addunyaattuu kan hedduu dinqisiifatame ta'uusaa (Henry, 1868) barreesseera.

Sirni Gadaa laafuun, ijaarsi Oromoo diigamaa deemuun, Oromoon akka sabaatti laaffise. Gadaan dadhabuun waraana ka'uu maluuf qophaayina qabaachuu dhabuutti geese. Oromoon sirna Miniliik, Hayile sillaaseefi Mallas jalattis lakkoofsaan saba hundaatii ol ture. Wanti dhabame tokkummaa dhabuudha. Minilikiifi Amaarri Shawwaa lakkoofsaafi qabeenyaan Oromoo caalaanii miti kasaara sana hunda Oromoo irraan kan gayan. Iccitiin

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

injifannoo isaanii ijaaramuufi nama cimaadhaan oogganamuudha. Sabni Tigireenis gootummaa fi qabeenyaan Oromoo caalee miti qaama sirriitti ijaarame qabaachuun siyaasa Itoophiyaa osoo Oromoofi Amaarri balaaleftuu, nuusa jaarraa tokkoo oliif kan to'ate. Hawaasni osoo hin ijaaramin saayinsiifi teknolojiin fagaate kan gamtaan osoo hindhaabbatin siyaas-dinagdee addunyaa dhuunfate hinturre. Injifannoo Awurooppaanonni Afriikaa bakka dhaqan hundatti qabaataa turaniif sababoonni ijoon, hawaasa ijaarame ta'uu isaaniiti jechuun Nasruun, (2019) irratti (Jared, 1999) wabeeffachuun ibseera.

Baay'inni Oromoo alagaa kan sodaachisu, anniisaa Oromiyaa misoomsu kan ta'u yoo ijaarame qofaadha. Sirnoonni Itoophiyaa bulchaa turan tokkoomuun Oromoo waan isaan yaadesseef sirna bulchiinsaa Oromoon jalatti walga'u diiguun saba Oromoo kutaa, lagaafi amantiin qoqoodanii cabsanii bulchuuf miijeffatan. Tooftaan kun sirnoota duraanii keessatti milkaa'us, sirna ADWUI keessatti guutumaa guutuutti itti milkaa'uu hindandeenye. Akkuma sirni Dargii kufee sirni kun itti fufeen fincilli bakka garaa garaatti ka'e Oromoon bakka jiruu akka walii birmatu taasiseera. Artistoonni Oromoo tooftaa diinaa irratti damaqan gocha sirnichaa

*Ilfinesh Q. fi Kb*

balaaleffachuun walaloofi yeedaloo qopheessanii sirbuun Oromoo bakka jiru hundumaati waliif akka birmatu, akkasumas, sagalee akka waliif ta'uuf gahee guddaa taphataniiru. Walaloo sirboota siyaasaa tokkummaa uummata Oromoo cimsuuf sirbamaa turan haala kanatti aanee jiruun ilaaluun nidanda'ama.

Artisti Ilfinash Qannoo walaloo sirbaa "Yaa ilmaan Kushitik" jedhu bara 2017 sirbiteen shira mootummaan abbaa irree ittiin Oromoo cabsee bituuf qopheeffate irratti sabni Oromoo akka dammaquuf haala kanatti aanee jiruun sirbiteetti.

...

*Saba Oromoo amantiin qooduun*

*Kutaadhaan hiruun gaallaa ittiin jechuun*

*Dhaabachuu qabaa Oromoon mormuun*

*Diina irratti horuun*

...

Walaloo sirbaa kanaa olitti dhiyaate irraa kan hubatamu mootummaan ADWUI uummata Oromoo lagaafi amantiin qoqqoodee, isaaniin ammoo walirratti kaasee, wallolchiisee ofii gidduu deemee umurii isaa dheerafachuuf haala inni ittiin hojjechaa ture ta'uusaati. Bo'oo 'Kutaadhaan hiruun gaallaa ittiin jechuun'kan jedhu keessatti jechi [gaallaa] jecha Oromoo hinibisne, warri Abisiiniyaa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Oromoo ittii qorqalbii cabsuufi xiqqeessuuf jedhanii ittiin waamaa turanidha.

Yaada kana kan tumsu, Nasruun, (2019) Bulatovich, (2000) wabeeffachuun jedhetti Aleekzaander Bulaatoviik jaarraa tokko dura yenna qe'ee Oromoo keessa naannaawaa turetti kan taajjabe gosoonni Oromoo hundi akka tokko ta'anitti kan of ilaalaniifi Oromoo jedhanii kan ofwaaman ta'uu isaati. Kun ammo qaamota Oromoo jibban ijaafi gurra haguugee banuu hindandeenye. Qaamoonni jaarraa 21ffaa keessa maqaan Oromoo [Gaallaadha]; maqaa Oromoo jedhu kan fide faranjiidha jedhan nijiru.

Yaada kanaa olitti dhiyaate kana afgaaffiifi deebii Ayyaanoo Jiruufi Nageessaa Oddoo giddutti Fulbaana 10, 2016 Saint Paul, Minnesota taasifamerraa warri Oromoo jibban hanga jaarraa 21ffaattillee maqaa kanaan Oromoo akka waamaa jiran hubachuun nidanda'ama. Afgaaffii isaanii keessatti jechi [Gaallaadha] jedhu bara 2000 Yuuniivarsii Finfinnee keessatti barsiisaa xinhawaasaatiin daree barnootaa keessatti Oromoon [Gaallaadha] jedhee waan dubbateef hookarra guddaa kaasuudhaan gaaga'ama hidhaafi ajjeechaatiif barattoota Oromoo baay'ee saaxilee akka ture dubbataniiru.

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Huntingford, (1995) akka ibsetti, maqaan arrabsoo inni [Gaallaa] jedhu fafa Abbaan Bahree Oromootti dhufe ta'uu hinoolu. Rakkoon yeroo sana eegale jaarraa hedduuf itti fufee hanga har'aatti warri Oromoo jechuun itti ulfaatu, Oromoon [Gaallaadha] jechuu filatu.

Sirni ADWUI haaluma sirnoota Itoophiyaa bulchaa turan duraaniitiin uummata Oromoo lagaafi amantiidhaan qoqqooduun, maqaa [gaallaa] jedhuun waamuun sabni guddaan addunyaatti beekamtii akka hinarganne taasisaa kan ture ta'usaa saaxiltee jirti. Bo'oowwan 'Dhaabachuu qabaa Oromoon mormuun'fi 'Diina irratti horuun' jedhaniin saba tokko lagaan qoqqoodanii walirratti kaasuun, akkasumas, maqaa inni hinqabneen waamanii fuula addunyaatti maqaa balleessuun hafuu qaba jechuun miira xiiqqii ishii guutee jiru ibsitee jirti.

Egaa walaloo sirbaa kanarraa kan hubatamu Oromoo akka jaarraa darbeetti haala teessuma lafaafi amantaatiin gargar qoqoodan cabsaniin bulchuun akka diinotaaf hinmijannetti Oromoon Oromummaa isaatiin tokko ta'ee tokkummaa isaa tiksachuu akka qabudha.

Haaluma walfakkaatuun, artisti Ittiiqaa Tafariifi walaloo sirbaa isaanii 'Itti muddi' jedhuun, Hacaaluu Hundeessaa ammoo

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

“Waa’ee keenya” jedhuun saba Oromoo amantiifi kutaan qoodanii bulchuu akka hindanda’amne sirbaniiru.

...

*Egaa amantaa fi kutaan walqooduun hafee*

*Diina guyyaa takkaayyuu hinbeeku rafee*

*Fira fakkaachaa tokkummaa keenya jibbanii*

*Diinummaa isaanii ofitti raga ba’anii*

*Jarri qotanii qotanii albee ittiin qalaman*

*baafatanii*

*Itti muddi /6x/*

Walaloo sirbaa kun diinni aantii dhugaa fakkaatee ijoollee abbaa tokkoo gidduu seenee amantaan musiliimaa fi kiristaana maal walitti qabdu jechuun, kutaan ammoo isin bahaafi dhihadha warri dhihaa isin hinjaallatan, isaantu kana sana isin godhe jechuun gidduu dhaabbatanii jibba facaasaa akka turan hubachiisa. Artistiin kun ammoo inni akkas jedhee isin gidduu dhaabbatee lammiikee sitti hadheessu fira kee miti diina keeti. Diinummaa isaa ammoo gamaa gamanatti nuqooduun ofi irratti waan ragaa bahaniif isa ittiin si balleessuu fidaniin balleessi; aara hingalfachiisin yaada jedhu agarsiisa.

Artisti Hacaaluu Hundeessaa walaloo “Oromiyaa Keenya” jedhee sirbeen waa’ee tokkummaa haala kanatti aanee jiruun mul’iseera.

*Ilifinesh Q. fi Kb*

...

*Kan ani horee qabuu isinii hambaan koo  
Utuu qabuu dhabuu maaf ta'e carraan koo'oo  
Kutaadhaa fi amantiin maaliif walqoqoodduu  
Ilmaan haadha tokkoo maaliif waliin hooodduu*

...

Walaloon sirbaa kana keessatti bo'oon 'Kan ani horee qabuu isinii hambaan koo' (1) jedhu keessatti fakkoommiitti dhimma bahameera. Innis, 'nameessuudha' harmee Oromiyaatu akka namaatti dubbataa jira. Kan itti dubbatamaa jiru ammoo ilmaan maccaa, tuulamaa, Siikkoo- Mandoo, Sabboofi Goona, Ituufi Umbannaa, Rayyaafi Asabooti 'Utuu qabuu dhabuu maaf ta'e carraan koo'oo' (bo'oo 2) bo'oon kun ammoo komii harmee Oromiyaan ilmaan ishii kanneen irraa qabdu agarsiisa. Komichis, walqoqooddani walirraa fagaattanii anaan qofaatti nahambistan kan jedhu agarsiisa. Bo'oon 'Kutaadhaafi amantiin maaliif walqoqoodduu' (3) bu'uurri isin ittiin walqooddan amantiifi kutaadhaan walitti bu'iinsa biraa hinqabdan kan jedhu mul'isa. Bo'oon dhumaa 'Ilmaan haadha tokkoo maaliif waliin hooodduu' jedhu ammo isin yoo isilaamas kiristaanas taatan, akkasumas, bakka garaa garaas jiraattan kan isin hore ana harmeen keessan isin ilmaan garaa garaa miti. Maaliif walqoqooddani walirraa baqatani anaan mufachiistan kan jedhu agarsiisa.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Shirri amantiifi fi kutaa fayyadamanii Oromoo qoqooduun cabsanii bulchani kun sirna Abisiiniyaa hunda keessattuu raawwatamaa akka ture seenaan ni dubbata. Fakkeenya, gochoonni Oromoo Oromoodhaan cabsuufi amantiifi kutaadhaan qoqooduun bituun akka imaammataatti mootota duraanii irraa eegalee kan ture yoo ta'eyyuu, mootummaan ADWUI's gochuma kana fakkaatu raawwataa ture. Kanas, kan godhan Oromootuma Oromoo ta'anii garaaf jiraatan gatii garaa isaanii danda'un itti dhimma ba'aa turan. Artistiin kunis, gocha taajjabame kana dhaloonni itti aanu akka irraa baratuuf wallee isaatiin dhaamsa dabarseefii jira.

Artisti Eebbisaa Addunyaas waa'ee tokkummaa dhabuu ijoollee Oromoo walaloo geerarsaa mata dureen "Ijoollee biyya keenyaa" jedhuun haala kanatti aanee jiruun ibsee ture.

...

*Kan Oromoo maal laataa yaa ijoollee*

*Haadhoo walgaareffataa*

*Walharkaa nyaatee dhugee /2x/*

*Duduubaan walhamataa*

*Akka waan alaa dhufee*

*Kutaadhaan walqircataa*

...

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Walaloon geerarsaa kana keessaa bo’oowwan ‘Kan Oromoo maal laataa yaa ijoollee’ (1) jedhuufi ‘Haadhoo walgaareffataa’ (2) jedhu ilmaan Oromoo maaliif akka gamtaa dhaban gaaffii itti ta’uu isaa mul’isa. Bo’oowwan 3, 4, 5 fi 6 keessatti ammoo waliin dhalatee guddatee, waliin nyaatee dhugee waliin jaarree akka halagaa diidaa walitti dhufee walqoqoodee walhiraarsa yaada jedhu agarsiisa.

Walaloo geerarsaa kana irraas kan hubatamu, Oromoon kutaa fi lagaan walqoqoodee akka diinaatti akka wal ilaalu kan godhe nyaapha diidaa dhufe osoo hintaane Oromoodhuma Oromoo irraa dhalate akka ta’edha.

Haaluma walfakkaatuun, walaloo sirbaa Hacaaluu Hundessaa bara 2013 ‘Waa’ee keenya’ jedhuu sirbeen rakkoo tokkummaa dhabuun Oromootti dhufe ibsee jira.

...

*Rakkannee akkam taana*

*Walguddunfuufi wal sakaaluun dantaa taate*

*Wareegamnee rakkoonis keenya taate*

...

Artistiin walaloo sirbaa bo’oo ‘Rakkannee akkam taana’ (1) kana keessatti ummanni Oromoo rakkoo keessa jiraachuu isaafi furmaata rakkoo kanaaf ta’u dhabuu isaa akka yaaddoo cimaa itti ta’ee ibsa. Karaa biraatiin,

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

bo’oo ‘Walguddunfuufi wal sakaaluun dantaa taate’ (2) jedhuun sirna bulchiinsa mootummaa kanaa keessatti warreen ummata kana keessaa bahanii biyya kana gaggeessan fedhiifi faayidaa mataa isaaniif fedhii ummata Oromoo dura dhabbachuu mul’isa. Akkasumas, Wayyaneen garee dantaa isaanii tiksu qabatanii ummata Oromoo tokkummaa isaa karaa adda addaan diiguun, Oromoo tokko tokko irratti akka diina ta’uu gochuun hojjachaa turuu isaanii mul’isa. Walalo sirbaa bo’oo ‘Wareegamnee rakkoonis keenya taate’ (3) jedhuun ummata Oromoo qabsoo taasiseen dararaamu hanga wareegama lubbuu kaffaluu yoo falmates, shira gaggeesitoonni sirnichaa xaxaniin Oromoon tokkoomuu caalaa walqoqooduun akka walirratti ka’u taasiseera yaada jedhu agarsiisa.

Kana malees, artisti Hacaaluu Hundeessaa tokkummaa dhabuu Oromootiif sababa kan ta’e shira diinonni xaxan ta’uu isaa walaloo sirbaa “Maalan jira” jedhuu bara 2015 sirbeen ibseera.

..

*Diiganii gaara sanaa*

*Gaara diigamuu hin malle*

*Nu baasan addaan baanee*

*Nu addaan bahuu hin malle*

...

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Artistiin kun walaloo sirbaa bo'oo 'Diigani gaara sanaa' (1) 'Gaara diigamuu hin malle' (2) 'Gaara' jechi jedhu hiikni sirrii isaa tulluu yeroo ta'uu, fakkoomiin isaa 'ummata Oromoo' baay'inaan guddaa fi dachee bal'aa ta'e irra jiraataa jiru akka salphaatti tokkummaan isaa hin diigamne tooftaa adda addaatti fayyadamuun tokkummaa Oromoo diiguu mul'isa. Haaluma wal-fakkaatuun, bo'oon 'Nu baasan addaan baanee' (3) fi 'Nu addaan bahuu hin malle' (4) ummanni Oromoo, ummata guddaa, sirna Gadaan bulaa tureefi aadaa, safuu, duudha, afaan, jiruufi jireenya, akkasumas, xiinsammuu walfakkatuu qabachuu isaatiin tokkummaan jiraachuu danda'an, gantoota sabicha keessa bahan faayidaan qabachuun tokkummaa isaa addaan baasuu ibseera.

Walaloo sirbaa kana irraa ummata Oromoo saba guddaafi sirna bulchiinsa Gadaa mataa isaa kan qabu fi ittiin walbulchaa ture ta'us, tooftaa adda addaan uumuun (lagaan, gosaan, amantaan, kutaan) tokkummaa isaa diiguun adda baasanii sirna bittaa bulchiinsa isaanii jalatti akka kufu taasisuu sirnoota darbanii akka ibsu hubachuun nidanda'ama.

Yaada kana kan tumsu, Dirribii, (2016) walakkeessa jaarraa 19ffaa irraa eegalee Mootiin Minilik II lafa Oromoo weeraree

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

qabachuun of jalatti cabsee gabrummaan bulchuu kan danda'e namoota ummata Oromoo keessaa bahan aangoofi faayidaadhaan qabachuun, akkasumas, amantaan, lagaanfi gosaan akka walqoqqooduu gochuun Oromoo Oromoodhaan rukkutuun akka ta'e ragaaleen seenaa ni addeessuu jechuun ibsee jira.

Haata'u malee, artistoonni Oromoo lagaafi amantiin walqoqqoodanii walirratti ka'uun shira diinni ittiin Oromoo cabsee of jalatti bulchuuf miijeffatae ta'uu isaa karaa sirboota isaanii hubannoo uumuun tokkummaa ilmaa Oromoo maccaa, tuulamaa, Siikkoo-Mandoo, Sabboo fi Goona, Ituufi Umbannaa, Rayyaafi Asabooti humnaafi jabina ittiin diina ofirraa qolatan ta'uu isaa walaloo sirbootaa isaaniitiin ibsaa turaniiru. Walaloo sirbootaa haala kana ibsan keessaa walaloo sirbaa Ittiqaa Tafarii mata duree "Dura bahaa" jedhuun bara 2017 kanatti aanee jira.

..

*Waranni guddaan qawwee miti*

*Waranni guddaan tankii miti*

*Waranni guddaan tokkummaa sabati*

*Tokkummaa cimsii nyaaphota dhidhimsi*

...

Bo'oowwan walaloo sirbootaa 'Waranni guddaan qawwee miti' (1)fi 'Waranni



*Ilifinesh Q. fi Kb*

guddaan tankii miti' (2) irraa kan hubatamu heddumina meeshaa waraanaa qabaachuun qofti injifannoo gonfachiisuu akka hindandeenyedha. Bo'owwan 3 fi 4 'Waranni guddaan tokkummaa sabatii' fi 'Tokkummaa cimsii nyaaphota dhidhimsi' jedhan ammoo injifannoon meeshaa jabanaa qabaachuu qofaan osoo hintaane gamtaan qabsaa'uun kan argamu ta'uu isaa agrasiisu. Walaloo sirbaa kanarraas kan hubatamu ummata tokkummaa qabu diinni baay'ina meeshaa waraanatiin cabsee bituu kan hindandeenye ta'uu isaati. Haaluma kanaan, ummanni Oromoos diina qe'ee isaa irratti qabeenya isaa saame itti rorrisu yeroo kanatti tokkummaa isaa cimsee kutaannoofi gootummaadhaan falmachuun of irraa kaasuu akka qabu artistiin kun dhaamsa dabarsa.

Yaada kan kan deeggaru (Nasruu, 2019) naannoo gaanfa Afriikaatti Oromoon akka saba guddichaatti kan isa jiraachise, hanga har'aatti seenaa hindagatamne jaarraa 16ffaa fi 18ffaa kan isa hojjechiise baay'ina isaa osoo hintaane akka sabaatti ijaaramuu isaati. Icitiin injifannoofi cimina isaatii tokkummaa isaa ture jedha. Oromoon sirna Gadaa jalatti waan bulaa tureef tokkummaa cimaa qaba ture. Yoo diinni biyya weerarte waliin qolatee ofirraa deebisaa ture. Haala kanaan Oromoo cabsanii bulchuu kan dadhaban mootonni Habashaa

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

tooftaa ittiin sirnicha diiganirratti hojjechuun sirna Gadaa erga dhabamsiisanii booda, Oromoo lagaa fi amantaadhaan qoqqooduu eegalan, akkasumas, faayidaa fi aangoo dhaan Oromoota tokko tokko qabachuu yeroo jalqaban, akka salphaatti tokkummaa isaa diiguun lolanii of jalatti gabroomsuu jalqaban Dirribii, (2016).

Kanaafuu, walaloo sirbaa kana irraa kan hubatamu, icitiin milkaa'inaa fi injifannoo uummata Oromoo akka sabaatti isa kabachiisu meeshaa jabanaa hidhachuu qofa osoo hintaane hagoobarra isaa jaarraa 16ffaa fi 18ffaa keessa ture sana jalatti deebi'ee tokkoomuun barbaachisaa akka ta'edha.

### **Walaloo Sirbootaa Yaadannoo Waloo Seenaa Oromoo Hubachiisan**

Oromoon jaarraa hedduu booda erga qabsoo hadhayaa meeqa geggeessee as ga'ee booda seenaan isaa bifa sirrii hintaaneen himama. Mul'inattis dhoksaattis, ni tuffatama, ni jibbama; maqaa inni kiyya miti jedhuun waamama. Seenaa Oromoo jallisuuf bakka burqaa isaa irraa fageessuu keessatti shoorri barreessitoonni seenaa fi leellistoonni mootota Abisiiniyaa durii hanga ammaatti taphatan laayyoo miti. Seenaan bifa kanaan barreeffame baay'een isaa jibbaafi tuffii barreessitoonniifi namoonni Abisiiniyaa

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Oromoof qabaachaa turan kan calaqqisiisu malee kan dhugaa sabichaa miti. Dhugaa Oromoo jallisuufi saba kana xiqqeessuuf barootaaf hojjetamus, Oromoofi seenaa isaa ukkaamsuu malee dhabamsiisuun hindanda'amne. Oromoon seenaa isaa bifa adda addaan tiksee, aadaafi Gadaa isaa kunuunsee dhalootatti dabarseera. Seenaa sobaa halagaan waa'ee Oromoo irratti barreeffamaa ture saaxiluu fi seenaa boonsaa Oromoon qabu baasanii mul'isuu keessatti gaheen artistootaa iddoo guddaa qaba. Kanatti aansuun walaloo sirboota siyaasaa Oromoo artistootni Oromoo seenaa Oromoo itti ibsuuf sirbaa turanitu dhiyaatee jira.

Artisti Ilfinash Qannoo walaloo sirbaa mata dureen isaa "Yaa ilmaan Kushitik" jedhu bara 2017 sirbiteen seenaa sobaa Oromoo irratti barreeffamaa ture ibsitee jirti.

...

*Luboonni habashaa abbaan Baahire warqi*

*Atsem Giyoorgisii Kaasahuun Abirham*

*Soba barreessuu*

*Sigarboomfachuu seenaa kee dhoksuu*

...

Walaloo sirbaa bo'oo 1,2 fi 3 irraa akkuma hubachuun danda'amu, luboonni habashaa kanneen ooggantoota amantaa Ortodooksii ta'an waan dhimma amantaa hojjetan

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

fakkaatanii harka lafa jalaatiin seenaa saba Oromoo cilee dibuun addunyaaf dhiyeessaa turuu isaaniiti. Bo'oon Sigarboomfachuu seenaa kee dhoksuu (4) jedhu ammoo kaayyoo guddaa isaanii maqaa saba guddaa Oromoo xureessanii barreessaniif olaantummaa ofii ml'ifachuun saba kana ammoo cabsanii of jalatti bulchuuf akka ta'e agarsiisa.

Akka seenaan addeessutti Abbaan Baahire warqi Oromoon bishaan keessaa akka bayeefi kallattii kibba Afriikaa (Madagaaskaar) ykn dachii Arabiyaa irraa argametti barreessaa ture. Kun garuu, soba dhugaa irraa hedduu fagaate ta'uu isaa ragaan qorannoo sanyii dhala namaa (DNA) burqaan Oromoo inni sirriin gaanfa Afriikaa ta'uu isaa mirkaneessee jira. Oromoon jaarraa hedduuf seenaa saamamaa dirree siyaasaa irraa ari'atamaa, lafa irratti dhalate irraa dhiibamaa kan seenaa Oromoo ta'ee barootaafi barreeffamaafi himamaa ture yaalii seenaa saba wiirtuu gaanfa Afriikaa ta'ee jallisuu fi qorqalbii isa cabsuuti. Kan ta'aa ture suura Oromoo bifa fokkisaan dhiyeessuufi sabicha dirree seenaa irraa fageessudha. Sabni akka saba Oromootti waa'een burqaafi aadaa isaa bifa dhugaa irraa fagaateen barreeffame hinjiru jechuun ibseera (Nasruun,2019).

*Ilfinesh Q. fi Kb*

Artistiin kun waa'ee seenaa Oromoo soba kan barreessan akkuma jiran, seenaa haqaa barreessuun seenaa dhalootaaf kan dabarsaa turan jiraachuu isaanii walaloodhuma sirbaa mata dureen isaa “Yaa ilmaan Kushiitik” jedhuun ibsitee jirti.

...

*Asmaroom Laggasaa gargaartuun Luhii*

*Obboo Abraaham haqa barreessaan*

*Maddi sabichaa Baalee akka ta'e*

*Ni mrkaneessan*

*Maddi Oromitichaa walaabuu ta'uu*

*Ni Mirkaneessan*

...

Walalo sirbaa kana irraa kan hubatamu, seenaan sirriitti madda saba Oromoo ibsu hayyoota haqa barreessaniin barreeffamee kan jiru ta'uu isaati. Warra seenaa Oromoo xureessanii barreessaa turan biratti maddi Oromoo kan hinbeekamnee fi gaanfa Afriikaa keessatti akka hinlakkaa'amne agarsiisa. Seenaan dhugaan garuu, maddi Oromoo gaanfa Afriikaa akka ta'e raga qabatamaadhaan dhiyeessee jira.

Fakkeenyaaf, Oromoon qomoo kuush keessa isa lakkoofsi isaa guddaa, safuufi amantii ittiin beekamu, seenafi aadaa boonsaa qabuufi sirna dimokiraatawaa ta'e sirna Gadaa jalatti bulaa ture (Dirribii, 2016). Kana malees, madda

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

Oromoo ilaalchisee, dantaa siyaasaafi jibba irraa ka'uudhaa Oromoo galtuu godhanii qorqalbii cabsuufi maddi isaa Maadagaaskaari jechuun barreessaa turaniiru. Haata'u malee, ashaaraan DNA Oromoo ganamaa kaasee saba gaanfa Afriikaa irra jiraataa ture ta'uu isaa erga mirkaneessee asi olollii fi maqa xureessii Oromoo irratti geggeeffamaa ture irraa kaasera (Nasruu, 2019).

Kana malees, artisti Ilfinash Qannoo walaloo sirbaa mata dureen isaa “Gargar baanee teenye” bara 1992 sirbiteen dhiibbaa seenaa, aadaa fi afaanii Oromoo irraa gahaa turee ibsitee jirti.

...

*Maqaa lafallee hinjijjiiranii*

*Adaamaadhaan Nazireet jedhanii*

*Tolosaa fi Badhaasaa kiristinaa kaasanii*

...

Walaloo sirbaa kana irraa kan hubatamu ukkaamsaa aadaa afaaniifi eenyummaa ummata Oromoo irra gahaa tureeti. Kunis, hooggantoonni absiiniyaa Yohaannis IV, Minilikii II fi Hayile Sillaaseen yeroo aangoon harka isanii turtetti amantaa, aadaa fi afaan sabootaa ukkaamsuun isa kan moototaa humnaan ummata irratti goobsuu isaanii agarsiisa. Walaloon sirbaa kanaa olitti dhiyaate agarsiistuu dhiibbaawwan Oromoo

*Ilifinesh Q. fi Kb*

irratti ta'aa turaniiti. Olaantummaa afaan Amaaraa mirkaneessuuf jecha maqaa lafaafi namaa gara maqaa afaan Amaaraatti jijjiiramaa akka ture hubachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, bo'oowwan 'Adaamaadhaan Nazireet jedhanii' jedhuuf 'Tolosaafi Badhaasaa kiristinaa kaasanii' jijjiirraa maqaalee Oromoorraa gara afaan Amaaraatti taasisaman keessaa muraasadha.

Kunis, kan inni agarsiisu taatee mootonni Abisiiniyaa eenyummaa Oromoo dachee kanarraa dhabamsiisuuf hojjectaa turaniiti. Sirni ADWUI yeroo gara aangootti achii asi dhufe dhiibbaawwan kanneeniifi kkf akka waan hundee isaaniitiin buqqisee balleessuutti abdatamus kan gochuu hindandeenye. Kanaafuu, jijjiiramoonni sirnoota duraanii keessatti taasifaman sirna ADWUI keessa yeroo dheeraaf akkuma sanatti erga turanii booddee, gaaffii uummanni Oromoo dhiyeesseen gara maqaa afaan Oromootti akka deebi'uuf murtaa'us, hanga har'aattiyuu warri maqaa Oromoon moggaaseen waamuun itti ulfaatu akka jiran karaa siba ishiitii yaadachiistee jirti.

Karaa biraatiin, artisti Keekiyyaa Badhaadhaa walaloo sirbaa "Dhugaan maseenaaree" jedhu bara, 2018 sirbeen seenaa dhufaatii qubee afaan Oromoo hubachiiseera.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

...

*Yaa laatiinii Bakrii Saphaloo boce qubee /W/*

*Yaa laatiinii Bakrii Saphaloo boce qubee /JQ/*

*Abbaa Gammachiis Hayilee Fidaa*

*Mahammed Rashaadfaatuu ittiin si katabee*

*/W/*

*Abbaa Gammachiis Hayilee Fidaa*

...

Walaloo sirbaa kana irraa kan hubatamu Afaan Oromoo uukkamsaa fi ugguraa irra ture irraa dandamatee hafee ofdanda'ee har'a tajaajila hawaasummaa hundaa kennaa jiru kun ka'umsi isaa maal akka fakkaatu seenaasaa yaadachiisa. Yeroo qubeen Afaan Oromoo kun bocamutti afaan Oromoon barreessuu mitii dubbachuunillee dhorkaa ture keessatti qubeen Afaan Oromoo became. Osuma Hayile sillaasee ugguruu hanga kufaatii Dargiitti naannoo Afaan Oromoo saboota kibbaa fi dhiha Itoophiyaa jiraatan, akkasumas, Kibba Itoophiyaa fi Beenshaangul Gumuzitti tajaajila walquunnamtiif olaa tureera.

Yaada kana kan tumsu, Mekuria Bulcha, (1994) Hayila Sillaaseen aangootti erga deebi'anniin booddee hojiin isaanii jalqabaa imaammata afaanii Xaaliyaaniin hordofaa turte hundeen buqqisanii gatu ture. Sababiin isaas yaada tokkummaa biyya tokkootiif afaan tokkoofi amantaan tokko barbaachisaadha

*Ilifinesh Q. fi Kb*

jedhu hojiirra oolchuufi. Haaluma kanaan bara 1942 irraa kaasee Afaan Amaaraan alatti afaanooni biyyatti kamiyyuu barumsaafis ta'ee hojiif akka hin tajaajille taasifameera jechuun ugguraafi ukkaamsaa afaaniifi aadaa saba Oromoo irra ture addeesseera. Gochi kun ammoo Oromooni afaan isaanii akka hin gargaaramne dhorkuu qofa osoo hin taane akka of irraanfatan yookaan Oromummaa isaaniitti akka qaana'an godheera. Dhiibbaan imaammata kanaa ilmaan Oromoo afaan, aadaafi eenyummaa isaaniitti qaana'uun saba biraan akka mul'atan taasiseera. Haata'umalee, imaammanni kun haala mootummaan yeroo sanaa yaadeen itti fufuu hindandeenye. Sababni isaas, dhiibbaan yeroo sana ture qabsoo karaa garaa garaa akka jalqabuuf ka'umsa ta'e. Sheek Bakrii Saaphaloonis, namoota dhuunfaa qabsoo kana geggeessaa turan keessaa tokko yemmuu ta'an, haala ulfaataa kana keessa taa'anii qubee Afaan Oromoo akka bocan (Mohammed, 2003) maddeen garaa garaa wabeeffachuun ibseera.

Walumaa galatti artistoonni walaloo sirboota siyaasaa Oromoo karaa walaloo sirbootaa isaanii haala ulfaataa uummanni Oromoo sirnoota Itoophiyaa bulchaa turan duraanii keessaatti dabarsan ibsuu itti gargaaramaa akka turan hubachuun danda'ameera.

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

## **Goolaba**

Artistoonni walaloofi yeedaloo isaaniitiin seenaafi gootummaa Oromoo faarsaa, fincila diddaa gabrummaaf uummata kakaasaa turan baay'eedha. Sirba, walaloofi geerarsaan sabboonummaa cimsaa, diddaan garbummaa akka babal'atu taasisaa, fincilaaf hunda onnachiisaa turaniiru. Yeroo fincilli geggeeffamutti sirbaafi geerarsaan qeerroofi qarree dhaadhessaa, fincilli hirmaattota akka horatu taasisaa turan. Yeroo qophiin taasifamuufi hiriira mormii bayamus sirbi artistootaa madda hamilee qofaa osoo hintaane akka hidhannootti dhimmi itti bayamaa ture. Seenaa qabsoo bilisummaa keessatti ga'een artistootaa uummata kakaasuu qofaa irratti kan daangeffame miti. Akkuma Oromoo kamuu qaama uummataaf lolu, uummata faana hiriiruun diina hiraarsu turan.

Walaloon sirboota siyaasaa Oromoo sirna ADWUI keessa fincilaaf annisaa ta'anii tajaajilaa turan hedduu ta'anis waraqaa kana keessatti kan ibsame kan artistoota shanii qofaadha. Isaanis: Ilfinash Qannoo, Eebbisaa Addunyaa, Ittiiqaa Tafarii, Keekiyyaa Badhaadhaafi Hacaaluu Hundaessaati. Akka ragaan qorannichaa xiinxala irraa agrisiisutti tajaajilaaleen walaloo sirboota siyaasaa Oromoo isaan sirna ADWUI keessa sagaleefi suursagaleen maxxanfamanii sirbaa turanii:

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Cunqursaafi miidhaa sirna gabroomfataadhaan ummata Oromoo irra ga'aa ture ibsuun, uummanniifi dhaabbileen hawaasummaa garaa garaa qabsoo bilisummaa akka finiinsaniif walaloo sirbootaa isaaniitii dadammaqsaa turaniiru. Bu'uuruma kanaan, ummanni Oromoo sirna mootummaa cunqursaa irratti jijjiirama fiduuf falmii taasise keessatti sirboonni siyaasaa Oromoo hidhannaa qabsoo ummata Oromoo ta'uun tajaajilaniiru.

Sirnoota Habashaa dhufaa darban keessatti ummanni Oromoo cabee akka isaan jalatti buluu kan taasise Oromoo amantaafi kutaadhaan qoqqoodanii Oromoo Oromoo irratti duulchisuudhaan akka ta'e hubachiisuun Oromoon shira halagaa kana irratti dammaquun tokkummaan ijaaramee diina biyya isaa keessatti mirga abbaa biyyummaa isa dhorkate akka ofirraa qolatuuf walaloo sirbootaa isaaniitiin hubannoo uumaa turaniiru.

Artistoonni walaloo sirboota siyaasaa Oromoo sirnoota Itoophiyaa bulchaa turan duraanii keessatti miidhaa tokkummaa dhabuudhaa uummata Oromoo irratti raawwatamaa ture yaadachiisuun Oromoon bahaa dhihaa, kaabaa kibbatti sagalee walii ta'uun akka walii birmatuuf tokkummaan humna, jabina,

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

hidhannoo jabanaa caalaati tokkoomuun diina ofirraa qolaadhaa dhaamsa dabarsaniiru.

Walaloon sirboota siyaasaa Oromoo seenaa jaarraa gaddaa fi gadadoo uummanni Oromoo qabsoo keessatti dabarsee dhufee har'a ga'ee yeedaloodhaan uummata Oromoof ibsaniiru. Kunis, uummanni Oromoo kan darbe irraa baratee kan ammaa irratti akka dammaquuf isa gargaareera.

### **Wabiilee**

Admas Oloo (2007). *Songs and Politics in Eastern Africa, in Kimani Njogu & Hervé Maupeu (eds)*. by Mkuki na Nyota Publishers, Dar es Salaam, Tanzania.

Asafaa Tafarraa (2015). *Ethnography of Resistance Poetics: Power and Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture, Ethiopia, Northeast Africa (PhD)*, Indiana University, United States, Indiana.

Bahru Zewde (1992). *A History of modern Ethiopia, 1855-1991, Second Edition*. James Carry, Athens: Ohio University Press, Addis Ababa: Addis Ababa University.

Bulatovich, A.K. & Richard, Seltzer (2000). *Ethiopia through Russian Eyes; Country in Transition, 1896 – 1898*. Red sea press.

Damituu Argo (2008). *Oromo Art as a political resistance*. Journal of oromo studies, volume 15 number 2. <https://advocacy4oromia.org/action/oromo-art-as-a-political-resistance/>

Denisoff, R.S. (1972). *Sing a song of social significance*, The Bowling Green University Popular Press, USA.

*Ilifinesh Q. fi Kb*

Diamond, Jared, Guns, Germs, And Steel. (1999). *The Fates of Human Societies*. New York. WW Norton & Co.

Dirribii Damusee (2016). *Ilaalchaa Oromoo*. Barroo Amantaa, Sirna Bulchiinsaafi Seenaa Oromoo. Hagayya. Finfinnee.

Echeruo and Michael, J. (1975). *The Dramatic Limits of Igbo Ritual” in Bernth Lindfors (Edn.) Critical representative on Nigerian Literatures*. London: Three Continent Press.

Grew Gow. (1999). *The language of culture and the culture of language: Oromo identity in Melbourne, Australia*. Doctorine Thesis, Victoria University of Technology.

Henry Blanc. (1868). *Narrative of Captivity Abyssinias with some Account of the Late Emperor His Country and people*. Smith

Huntingford, GWB. (1995). *The Galla of Ethiopia; The kingdoms of Kafa & Janjero*. London; International African Institute.

Lynskey, Dorian (2011): *33 Revolutions Per Minute: A History of Protest Songs from Billie Holiday to Green Day*. London, Ecco (Harper Collins Publishers)

Mekuria Bulcha (1994). *The language Policies of Ethiopian Regiemes and the History of Written Afan Oromo: 1844-1994*. Journal of Oromo Studies, 1(2), 91-116.

Markakis, John (1994). *Anatomy of Traditional Polity*. Addis Ababa: Shama, Book Printing Press.

Masolo, D.A. (2000). *Presencing the past and remembering the present: social features of popular music in Kenya*, in R RADANO and P. BOHLMAN (eds.), *Music and Racial Imagination*. Chicago: University of Chicago Press.

Mohammed Hassan (2003). *“Shaykh Bakrii Saphaloo (1895-1980): A Prolific Scholar*

*Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 53-83*

and a Great Oromo Nationalist” in *Journal of Oromo Studies*, Vol. 10, 1 & 2. 2003.

Nasruu Hasan Korroosoo (2019). *Siyaasa Oromoo*. Imala Obsa Fixachiisaafi Hegeree Abdachiisaa IBSN: 978-1-6470-6007 Amsterdam, Netherlands.

Neguss Yilma (2018). *Thematic Analysis of Selected Amharic Song Lyrics: A Sociological Approach*. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation

Nora Makky (2007). *Song in the Anti-Apartheid and Reconciliation Movements in South Africa*. A Senior Honors Thesis, Ohio State University.

Stokes, M. (1994). *Ethnicity, Identity and Music: The Musical Construction of Place*, Oxford: Berg, p. 4

Tesfaye Tolessa Bessa (2013). *A History of Oromo Cultural Troupes (1962-1991)*. Star Journal: Science, Technology and Arts Research Journal, Jan-Mar 2013, 2(1): 86-94. <https://www.starjournal.org> [Accessed on Nov, 18, 2018]

Timkehet Teffera (2009). *The Role of Political Songs in Ethiopia during the long-protracted War (1974-1991): A Case Study on Identity, Integration and Conflict in Central and Northern Ethiopia*.